Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

Gabaabatti:

- Tukaana siree sakata'uuf yeroo fudhadhu.
- Yeroo Tukaana siree barbaaddu meeshaalee kana harkatti qabadhu :
  - Tiriika
  - Kaardii moofaa
  - Waan akka shiboo battee
  - Huccuu fi bishaan ho'aa
  - Boorsaa pilaastikii
  - Boraatii
- Yeroo naannoo faalamaa argite iddoo qulqulluu uumuuf dhama'i.
- Tukaana siree barbaaduu
  - Iddoo teessuu fi ciistu
  - Boraatii, sanduuka keessa , hirkoo siree bira
  - Dhoohaa, baqaqaa manaa fi teessoo, lafa mana keessaa, foodaawwan, sararoota elektiriikaa
- Akkuma tukaana siree argiteen qabii ajjeessi.
- Malli kun tukaana siree hunduma mancaasuu hin danda'u.

Kana yaadadhu tukaanni siree xiqqaa, battee fi saffisaa ta'uu isaa.

Odeeffannoo dabalataaf: sarara odeeffannoo tukaana siree qunnamaa: 612-624-2200, 1-855-644-2200 bedbugs@umn.edu, yookin laaluu www.bedbugs.umn.edu

Tukaana Siree Harkaan To'achuu

Ofuma keetii hojjedhu, tukaana siree too'achuun erga sirriitti barbaadanii booddee qabuu yookin ajjeesuu danda'uu dha. Fiixaan ba'uuf iddoo tukaanni siree dhokatan hunda obsaan sakkatta'uun barbaachisaa dha. Tooftaan kun tukaana siree hunda hin fixu, irradeddeebi'uun yoo hojjete garuu lakkoofsa tukaana sireemana kee keessaa xiqqeessuu ni danda'a.

Meeshaalee tukaana siree harkaan ajjeesuuf nama gargaaran
Meeshaaleen tukaana siree ittiin qabuu fi mancaasuu dandeenyu suuqii naannoo keenya jiran keessa jiraachii danda'u. Isaan kunnis:

- **Tiriikaa:** tukaanni siree iddoo baqaqaa dukkana keessa dhokatu. Bifni isaanii garuu diimaa fi magaala, yoo soorachuudhaa baatan garuu bifni isaanii magaala ifaa ta'u. Kun immoo akka isaan hin argineef gufuu ta'a. Yeroo tukaana siree barbaaddu tiriika kee kallattii ittiin sakatutti ibsi kun immoo hanqaaquu fi ilmooleen isaanii otuu hin hafin akka argaman taasisa.



- **Kaardii moofaatti fayyadamuu:** Kaardii moofaa pilaastika irraa hojjetame, dhohaa manaa keessa otuu hin dhommoqin seenuu danda'utti fayyadami. Erga kaardii sana seensistee booddee tukaana siree dhiibdee baasuun ajjeesuu ni dandeessa.
- **Meeshaa akka shiboo battee jiru**: Meeshaan battee fi baldhaan filannoo gaarii dha sababni isaa tukaana siree baasuuf hedduu gargaara, akkasumas itti dhihaachuun tukaana siree akka argituuf si gargaara. Akkuma ilbiisota kana dhoohaa manaa keessatti argiteen, fiixee shiboo sanaatiin harkisuudhaan baasuu ni dandeessa.
- **Huccuu fi bishaan ho'aa:** Akkuma shiboo battee huccuu fi bishaan hoo'aan tukaana siree qabuuf baay'ee fayyada. Akkuma bishaan ho'aa sana cuunfinee lafa irratti dhangala'uun tukaana siree akka qabe ilaale. Yoo bishaan huccuu keessatti baay'ete cuunfuun hir'isi. Naannoo bishaan hoo'an irratti dhangale sun tukaana siree beelasuun akka inni baqatu taasisuu danda'a. Huccuutti fayyadamuun kan inni hedduu gargaaru iddoo tukaanni siree baay'inaan jiranitti. Lafa bishaan hoo'adhaan jiisuun mala shiboo batteedhaan gargaaramuu akka inni hir'isu beeki.
- **Boorsaa Pilaastikii:** Boorsaa balfaa itti kuusanii fi feestaalii qopheessuun huccuu fi meehsaalee tukaana sireetiin itti kuusuuf nu gargaara. Meeshaalee faalaman haala kanaan kuusuun tamsa'uu tukaana siree too'achuuf hedduu gargaara.

Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

- **Boraatii dachaasuun olkaa'uu:** Huccuun boraattii dachaasuun keessa olkeenyu boorsaa bal'aa dha. Erga huccuu boraatii keessa keenye sana itti cufnee booddee tukaanni achi keessa jiran beela'uu jalqabu. Boorsaa/huuccuu biraatii fi firaashii keessa gootu qabaachuu qabda. Erga boraatii fi firaashii kee boorsa kana keessa keessee tukaanni kun turban lama keessatti du'uu jalaqaba garuu boorsa sana hanaga ji'oota 18 tursiisuu qabda.

Huccuu/boorsan kun gosoota hudduu waan qabaniif huccuu tukaana siree ajjeesuuf oolu adda baafachuu hin dagatin.

Naannoo qulqulluu uumuu

Barbaacha tukaana siree jalqabuuf naannoo qulqulluu mijeessudhaan minjaala fi meeshaalee sakattama'aman gara sanatti dabarsuudhaan carraa tamsa'insa tukaana siree hur'isuu barbaachisaa dha.

Rogaa fi qarqara banaa dhaaba manaa irraa jalqabi. Kaardii moofaa sanaan dhooqaa fi holqa dhaaba manaa keessa sakkata'I. Hijii kee baqaqaa manaa keessaa ilaaluun xiyyeeffadhu. Fakkeenyaaf, hojii kee afaa manaa keessa jalqabda yoo ta'e, baqaqaa afaa manaa fi lafa gidduu jiraachuu isaa mirkaneeffadhu, akkasumas baqaqaan afaa fi dhaaba manaa jidduu jiraachuu isaa hubadhu. Koornissinii fi afaan manaa kee banaa qaba yoo ta'e cufuuf yaali. Yeroo kana gootu bishaan hedduu hin fayyadamiin. Erga meeshaa lafarraa kaastee ilbiisota socha'an ijaan mil'adhu. Yoo mala iddoo duwwaa fayyadamuu barbaadde toora interneetii (www.bedbugs.umn.edu/bed-bug-control-in-residences/vacuuming-to-capture-bed-bugs) jedhu mata duree *"Vacuuming Items to Capture Bed Bugs"* ilaali. Suuraa fi fakkiiwwan dhaaba manaa keessa jiran sakkatta'uu hin dagatiin.

Amma meeshaalee sakkata'aman naannoo qulqulleessitee qopheesite keessa gochuu ni dandeessa. Hammummaa meeshaa gara naannoo qulqulluu kanatti dabarsaa adeemtu iddoon qulqulleeffattee siif bal'achaa adeema. Tooftaa kanatti yeroo gargaaramtu teessoo fi minjaalota si'a lamaa ol sochoosuun hin barbaachisu. Kana gochuun sochii teessoo irratti otuu hin taanee tukaana siree sakkata'uu irratti qofa akka xiyyeeffattuuf si gargaara.

Huccuu fi meeshaa dhiqaman akka baasi. Wantoota xiqqoo sakkata'uun hojii salphaa dha. Odeeffannoo abalataaf toora interneetii "*Laundering Items to Kill Bed Bugs"* (www.bedbugs.umn.edu/bed-bug-control-in-residences/laundering-bedbug-control)illali.

Tukaana siree barbaaduu

Meeshaalee keetti fayyadamuudhaan tukaana siree barbaaduu jalqabi. Maal akka barbaaddu yaadadhu: tukaana ga'eessota, xixxiqqoo, hanqaaquu, gugaa tukaanaa. Odeeffannoon dabalataa toora interneetii (www.bedbugs.umn.edu/have-i-found-a-bed-bug)mata duree*"Have I found a Bed Bug?"* jedhu jalatti tarreefamee jira.

Siree irraa jalqabiuun gara boraatii, firaashii fi kan biraatti darbi. Jalqaba kannen mul'achuu danda'an sakkatta'i. Sana booda wantoota dhokanii jiran ilaali. Teessoon firaashii kan siree irra jiru roga shananiinuu ilaalamuu qabu. Erga irra gubbaa isaa ilaaltee booda garagalchuudhaan dugda duuba isaas sakkata'i.

Qarqaraa fi keessa firaashii sakkatta'uudhaan tukaana siree mallattoo isaa beekaa.

Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

Yeroo firaashii sakkataatu qarqara isaa irraa

Haaluma wal fakkaatuun firaashiis sakkata'i. kan adda isa taasisu firaashiin qarqara isaatiin pilaastikii furdisuuf itti hodhame qabaachuu isaati. Hidhiin firaashii qarqara irratti hodhamee jiru kun yeroo heedduu iddoo tukaanni siree dhukatu dha. Tukaanni siree miliqee akka hin hafneef qarqara firaashii sanaa sirriitti urgufuudhaan ilaaluun barbaachisaa dha. Erga sakkataanee ilaallee booddee qarqara hodhaa firaashii sana iddoo isaatti deebisuun kaa'uun dagatamuu hin qabu.

Roga siree kallattii hundaanuu jiran ilaaluun barbaachisaa dha. Iddoo rogoonni itti walqunnamanii fi walirra qaxxaamuran sirriitti ilaaluun barbaachisaa dha. Miilli fi jalli siree yeroo hedduu iddoo tukaanni siree itti baqachuun of dhoksanidha. Lafa, iddoowalqunnamtii biloonii, ulaa fi hoolqa teessoo sirriitti sakkata'i.

Roggee fi walqabsiistuu tukaana siree akka qaban ilaaluu

Erga siree xumurtee booddee teessoo naannoo sana jirutti darbi. Teessoo dheeraa irraa otuu jalqabamee ni filatama sababni isaa dhaaba manaa wajjin waan walitti maxxanuufi. Erga isa gara naannoo qulqulluutti geessinee booda meeshaalee isatti ananii jiran itti aansuun sakkatta'uu.

Teessoo yeroo sakkattaanu iddoo alaa mul'atu irraa haa jalaqabnu. Qarqara, roga fi qabannoo isaa ilaali. Iddoo qaxxaamuraa fi hoolqa qabaachuu isaa sirriitti sakkata'i. dhaaba manaarraa siiksuun duuba isaa ilaali. Boollaa fi iddoo dhooqa hundumaa itti siiquun hubannaadhaan ilaali.

Minjaala dheeraa kuusaa meeshaaleetiif oolu keessaa fi qarqara isaa sirritti ilaalaa. Mi'oota mana achi keessaa guuruudhaan sirritti sakatta'aa.

Erga teessoo xumurtee booda iddoo inni ture sanatti darbi. Teessoo sana iddoo biraatti siiqsuuf gargaarsa nama kan biraa si barbaachisa. Adeemsa murteessaa ta'etti gargaaramuun teessoo sakkataatee xumuruu kee mirkaneeffadhu. Teessoo fi lafa inni irra taa'u jidduu wanta lallaaffaa kaa'i.

Hanga meeshaaleen hundinuu naannoo qulqulluu keessaatti kuufamanitti teessoo fi meeshaalee kanneen biraa sakkatta'uu kee ittuma fufi. Mi'oota hundumaa akka siif qabatuuf naannoo qulqulluu sana bal'isuun sirraa eegama. Naannoo qulqulluu baldhisuudhaaf adeesuma jalqaba fayyadamte irra deebi'uun gargaarami.

Erga teessuu fi meeshalee tokko tokko sakkataatee booda mi'oonni hafan yoo jiraatan ilaaluun gara naannoo qulqulluutti dabarsi. Akkuma armaan olitti caqasametti afaa manaa, ulaa fi dhoohaan yoo jiraate ilaali.

Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

Erga xumurtee booda, teessoo gara iddoo isaatti deebisuun man asana qulqulleessi. Meeshaaleen hin sakkata'amiin yoo jiraatan mala qabaneessuutti fayyadamuun qulleessuun barbaachisaa dha.

Huccuu boraatii fi firaashii itti haguugun baay'ee barbaachisaa waan ta'eef isa gochuu hin dagatinaa. Huccuu/boorsaan kun tukaanni siree akka hin dhokannee fi hin bittinoofne ittisa.

Kan fooyya'e, Fuulbana 29, 2014

Kan Qophaasse Amaliyaa Shindelalii fi Dr. Steefan Keellas 2011
Kan gargaarsi godhameef duula "Tukaana yaa Balleessinu" jedhuuf yoo ta'u, dhaabbileen gargaarsa taasisan immoo Egensii Ittisa Naannoo Yuunaytid Steetsi fi MDA dha. Dabalataanis Muummee Fayyaa Minnisootaa galateeffachuu barbaanna.

Akka seera namoota qaama hir'uu Ameerikaatti, odeeffannoowwan kun lakkoofsa bilbilaa 651/201-6000 kanaan yoo bilbiltan argachuu ni dandeessu. Namoonni TTY fayyadamtan immoo tajaajila Relay Miniisootaa karaa lakkoofsa bilbilaa 711 yookiin 1-800-627-3529 argachuu ni dandeessu.
Universitii Miinisootaa fi MDA dhaabilee carraa barnootaa fi hojii loogii malee kenanni dha.

MINNESOTA DEPARTMENT OF AGRICULTURE
www.mda.state.mn.us

UNIVERSITY OF MINNESOTA EXTENSION